# ERGAA PHEEXIROOSI -1[ffaa]

1 Pheexiroos ergamaa Ye-
suus Kiristoos irraa;
Gara baqattoota warra Phoon-
xoos, Galaatiyaa, Qaphadooqiyaa,
Isiyaa fi Biitaaniyaa mara keessa
bibittinnaa'an, 2kanneen akka
kaayyoo Waaqa abbaatti, karaa
hujii qulqulleessuu hafuuraatiin,
akka Yesuus Kiristoosiif ajaja-
manii fi akka dhiigni isaa isaanitti
facaafamuuf filatamaniitti;
Ayyaannii fi nageenni isinii
haa baay'atu.

**Abdii Jiraataa**

3Waaqaafi Abbaa Gooftaa kee-
nya Yesuus Kiristoosiitiif galanni
haa ta'u. Inni araara isaa gud-
daadhaan, karaa du'aa-ka'iisa
Yesuus Kiristoosiitiin lammata
nu dhalfatee, abdii jiraataatti nu
galcheera. 4Akkasumas dhaala
hin banne, kan hin xuroofnee
Yookaan hin jijjiiramnetti nu
galcheera; dhaalli kunis isa samii
keessa isinii kaa'ame sanaa dha.
5Isini warra karaa amantiitiin[a]
hanga fayyinna bara dhumaatti
muldhachuuf qophaa'e sanaatti
humna Waaqayyootiin eegam-
tanii dha. 6Isinis yoo amma
yeroo gabaabaaf qoramsa gosa
gara garaa keessa dabruu qabaat-
tanillee waan kanaan akka malee
gammaddu. 7Wanni kunis akka
amantiin keessan kan Warqii
yoo ibiddaan qulqulleeffamellee
baduu danda'u sanayyuu caalu
sun dhugaa ta'uun isaa mirkaneef-
famee, yeroo itti Yesuus Kiris-
toos muldhatutti galata, ulfinnaa
fi guddinna fiduuf jedhee ta'e.
8Isin otoo isa hin argin isa
jaalattu; yoo amma isa arguu
baattanillee isatti amantu; gam-
machuu namni afaaniin ibsuu
hindandeenneefi gammachuu
ulfinna qabeessaanis guutam-
taniirtu. 9Isin Kaayyoo amantii
keessanii jechuunis fayyinna lub-
buu keessanii argachaa jirtuutii.
10Raajonni[b] waayee ayyaana
isinii kennamuuf ture sanaa dub-
batan sun itti jabaatanii waayee
fayyinna kanaa qorachaa, iy-
yaafachaas turan. 11Isaanis yom-
muu hafuurri Kiristoosi inni isaan
keessa ture sun waayee dhi-
phinna Kiristoosiitii fi waayee
ulfinna dhiphinna sana bood-
deen[c] dhufu sanaa duraan dursee
dubbatetti yoomii fi haala ak-
kamii keessa akka ta'u beekuuf
yaalaa turan. 12Raajonni sunis
yeroo waayee waan namoonni
karaa hafuura qulqulluu isa
samii irraa ergame sanaatiin
wangeela isinitti himan kunneen
jedhan kanaa dubbatan sanatti

[a]5 ykn *dhugeeffachaatiin;* [b]10 ykn *raagonni*;
[c]11 ykn *duubaan*

akka isaan otoo ufii isaanii hin
ta'in isin tajaajilan[d] itti muldhi-
fame. Maleekkonniyyuu waan
kana keessa isaa ilaalanii hu-
bachuu hawwu.

**Qulqulloota ta'aa**

**13**Kanaaf yaada keessan hujiif
qopheessaa; warra uf qaban
ta'aa; abdii keessanis guutumaan
guutuutti ayyaana yeroo Yesuus
Kiristoos muldhatutti isinii
kennamu sana irra keewwad-
haa. **14**Isin waan ijoollee ajajam-
tuu taataniif hawwii hamaa bara
wallaalummaa keessanii qabaat-
tan sana hin hordofinaa; **15**Qooda
kanaa akkuma inni isin waame
sun qulqulluu ta'e, isinis waan
hojjatan cufa keessatti qulqul-
loota ta'aa. **16**"Waan ani qulqul-
luu ta'eef isinis qulqulloota ta'aa"
jedhamee barreeffameeraatii.

**17**Isin sababii Abbaa tokkicha
isa otoo nama wal hincaalchisin
nama cufa akkuma hujii isaatti
itti muru sana waammattaniif
hanga addunyaa kana irra
jirtanitti isa sodaachaa jiraad-
haa. **18**Isin akka jireenya faayidaa
hin qabne kan abbootii keessan
irraa dhaaltan irraa waan baduu
danda'u kan akka meetiitiifi
warqiitiin hin furamin beettuutii.
**19**Garuu dhiiga gatii guddaa
qabu, dhiiga Kiristoos jechuunis
hoolicha mudaa[e] yookiin han-
qinna hin qabne sanaatiin furam-
taniirtu. **20**Inni otoo addunyaan
hin uumaminiin dura filatame;
garuu isiniif jedhee bara dhumaa
kana keessa muldhifame. **21**Isinis
karaa isaatiin Waaqa warra du'an
keessaa isa kaasee ulfinna isaaf
kenne sanatti amantu; kunis akka
amantii fi abdiin keessan Waaqatti
jabaatuuf.

**22**Isin obboleeyyan keessaniif
jaalala dhugaa qabaachuuf jet-
tanii waan dhugaaf ajajamuud-
haan ufi qulqulleessitaniif, garaa
guutuun jaalala dhugaa walii
qabaadhaa. **23**Isin sanyii badu
irraa hin dhalanne; garuu karaa
dubbii Waaqayyoo jechuunis
karaa dubbii jiraataa fi dubbii
jabaatee dhaabatu sanaatiin
sanyii hin banne irraa lammata
dhalattan. **24**Kitaabni akkana
jedhaatii;

"Namni foonii hundi akkuma
margaati[f];
ulfinni isaa cufti akkuma da-
raaraa margaa ti;
margi ni goga; daraaraanis ni
harca'a;
**25**Dubbiini Gooftaa garuu bara-
baraan jiraata."

Dubbiini kunis wangeela isinitti
lallabame sana.

**2** Kanaaf hammeenna hundu-
maa, gowwoomsaa hundu-
maa, itti fakkeessuu[g], hinaaffaa

[d]12 ykn *jala hojjatan;*[e]19 ykn *hirdhinna*; [f]24 ykn *buuyyoo*; [g]1 ykn *waan hin ta'ini uf tolchuu;* [h]5 ykn *qaallolee;* [i]5 ykn *sooriyoo*

fi maqaa nama balleessuu hundumaa uf irraa fageessaa. 2Akka ittiin fayyinna keessatti guddattaniifis akkuma daa'imman reefuu dhalataniitti aanan hafuuraa qulqullaa'aa sana jabeessaa dharra'aa. 3Isin gaarummaa Gooftaa dhandhamattaniirtuutii.

### Dhagaa Jiraataa fi Saba Filatame Tokko

4Isinis gara Gooftaa jechuunis gara dhagaa jiraataa namoonni akka waan faayidaa hinqamne tokkootti gatan kan fuula Waaqaa duratti garuu filatamaa ta'ee gatii guddaas qabu sanaa koottaa. 5Isinis akkuma dhagaawwan jiraatootti luboota[h] qulqulluu taatanii karaa Yesuus Kiristoosiitiin aarsaa[i] hafuuraa kan fuula Waaqaa duratti fudhatamaa ta'e dhiyeessuuf mana hafuuraa taatanii ijaaramaa jirtu. 6Kitaaba keessatti akkana jedhamee barreeffameeraatii:

"Kunoo, ani xiyooni keessa,
dhagaa tokko jechuunis dhagaa golee[j] filatamaa gatii guddaa qabu
nan kaa'a;
namni isa amanatu[k]
kamiyyuu hin qaana'u".

7Kanaaf dhagaan kun isin warra amantaniif dhagaa gatii guddaa qabuudha; warra hin amanneef garuu,

"dhagaan warri mana ijaaran tuffatan sun,
dhagaa mataa golee ta'eera."

8Akkasumas,

"dhagaa nama gufachiisu,
qarsaa nama kuffisu[l] ta'e"
jedhameera.

Isaanis waan dubbii sanaaf ajajamuu didaniif gufatan; Waaqayyos kanumaaf isaan qopheesse.

9Isin garuu akka galata isa dukkana keessaa gara ifa isaa ajaa'ibsiisaatti[m] isin waame sanaa labsitaniif warra filatame, luboota mootii, saba qulqulluu, saba Waaqaa taataniirtu. 10Isin dur saba Waaqayyoo hin turre; amma garuu saba Waaqayyoo ti; isin dur araara hin arganne; amma garuu araara argattaniirtu.

11Yaa jaallan[n] kiyya, isin waan biyya lafaa keessatti alagootaa[o] fi keessummoota taataniif akka hawwii foonii kan lubbuu keessan lolu irraa fagaattan ani isin gorsa. 12Akka namoonni ormaa warri akka waan isin hammeenna hojjataniitti maqaa isin balleessan sun, hujii keessan isa gaarii arganii guyyaa Waaqayyo saba isaa ilaaluu dhufutti ulfinna isaaf kennaniif namoota ormaa jidduutti amala gaarii qabaadhaa.

[j]6 ykn *mikikkilaa;* [k]6 ykn *dhugeeffatu;* [l]8 ykn *buusu;* [m]9 ykn *dinqisiisaatti/ maadeffachiisaatti;* [n]11 ykn *michoota;* [o]11 ykn *dhuftuu*

### Bulchitootaa fi Gooftota jalatti Buluu

13 Gooftaadhaaf jedhaatii aangoo[p] dhaabbata namaa cufa jalatti bulaa; mootii aangoo olaanaa qabuufis ta'u 14 Yookaan bulchitoota inni akka isaani namoota balleessaa hojjatan adabanii warra waan qajeelaa hojjatan immoo galateeffataniif erge hundumaa jalattis bulaa. 15 Waaqayyo akka isin waan gaarii hojjaachuun gowwoota waan faayidaa hin qabne dudubbatan afaan qabachiiftan fedhaatii. 16 Akka warra birmadummaa[q] qabaniitti jiraadhaa; birmadummaa keessan immoo hammeenna dhossuuf itti hin fayyadaminaa; garuu akka tajaajiltoota[r] Waaqaatti jiraadhaa. 17 Nama mara kabajaa[s]; obbolummaa amantootaa jaaladhaa; Waaqa sodaadhaa; mootiifis ulfinna kennaa.

18 Yaa garboota, isinis gooftota keessan warra gaarii fi toloota qofaaf otoo hin ta'in warra jallootaafis sadaa guddaan ajajamaa. 19 Namni tokko yoo Waaqayyoof jedhee dhiphinna karaa qajeelaa hinta'iniin isatti dhufe obse inni galateeffamaa dha. 20 Isin yoo sababii balleessaa hojjattaniif dhaanamtanii obsitan galata maalii argattu? Garuu yoo Sababii waan qajeelaa hojjattaniif dhaanamtanii obsitan kun fuula Waaqaa duratti galata qaba; 21 Wanni isin waamamtaniifis kanuma. Kiristoos akka isin faana isaa hordoftaniif jedhee isiniif dhiphachuudhaan fakkeenya isinii kenneeraatii.

22 "Inni cubbuu tokkollee hin hojjanne;
sobni tokkoyyuu afaan isaattii hin baane."

23 Yeroo isaan isa arrabsanitti inni isaan hin arrabsine; yeroo cinqamettis nama hin doorsifne; garuu abbaa murtii qajeelaa sanatti imaanaa uf kenne. 24 Inni mataan isaa akka nu cubbuuf duunee qajeelinnaaf immoo jiraannuuf jedhee nafa isaatiin cubbuu keenna muka irratti baate; isinis madaa isaatiin fayyitan. 25 Isin duri akkuma hoolota[t] karaa irraa badanii turtan; amma garuu gara tissituu fi eedduu lubbuu keessaniitti deebitaniirtu.

### Niitotaafi Dhiirsota

3 Yaa niitota, yoo dhiirsonni dubbicha hin amanne[u] tokko tokko jiraatan akka isaan dubbii tokko malee amaluma niitota isaaniitiin booji'amaniif isinis akkasuma dhiirsota keessaniif ajajamaa. 2 Isaanis yommuu qulqulinnaa fi sodaa isin jireenna keessan keessatti Waaqaaf qabdan arganitti ni booji'amu.

[p] 13 ykn *abbootii jabeennaa;* [q] 16 ykn *balchummaa;* [r] 16 ykn *hojjattoota;* [s] 17 ykn *ulfeessaa;* [t] 25 ykn *ooliyyee;* [u] 1 ykn *hindhugeeffanne*

3Midhaaginni keessan faaya
alaan muldhatuun jechuunis
shurrubbaa[v] dhaachuu, warqii
keewwachuu fi uffata bareedaa
uffachuun hin ta'in. 4Qooda
kanaa midhaaginni keessan
midhaaginna keessa namummaa
keessaniitii dhufu haa ta'uu;
innis midhaaginna hafuura gar-
raamii[w] fi qabbana qabeessa, kan
hin banne, kan fuula Waaqaa
duratti gatii guddaa qabu sana.
5Dubartoonni[x] qulqulloonni durii
warri Waaqa abdatanis akkasuma
dhiirsota isaaniitiif ajajamuudhaan
uf midhaassan. 6Saaraanis Abra-
haamiin "gooftaa" jettee waamaa
isaaf ajajamaa turte; isinis yoo
waan qajeelaa hojjattanii waan
nama sodaachisu tokkollee so-
daachuu baattan ijoollee ishiiti.

7Yaa dhiirsota, isinis akkasuma
akka isaan dadhaboo ta'an hu-
badhaatii ulfinna isaaniif kennaa
niitota keessan waliin jiraadhaa.
Kanas sababii isaanis isin waliin
kennaa jireenya tolaa dhaalaniif
akka wanni tokkoyyuu kadhaa
keessan hin gufachiifneef jedhaatii
godhaa.

## Sababii Waan Gaarii Hojjataniif Rakkachuu

8Dhuma irratti hundi keessan
tokkummaadhaan waliin jiraad-
haa; walii na'aa; akka obboleey-
yaniitti wal-jaaladhaa; garaa
laafotaa fi warra gadi uf qabanis
ta'a. 9Waan hamaaf deebii hamaa
hinkenninaa; abaarsaafis deebii
abaarsaa hinkenninaa; qooda
kanaa eebbisaa. wanni isin
waamamtaniif akka nama eeb-
biftanii isinis akkasiin eebba
dhaaltaniif. 10Kitaabni akkana
jedhaatii;

"namni jireenya jaalatu,
kan bara dansaa arguu hawwu
kamiyyuu,
arraba isaa hammeenna irraa,
hidhii isaa immoo soba irraa
haa eegatuu.
11Inni hammeenna irraa deebi'ee
waan qajeelaa haa hojjatu;
nagaya haa barbaadu; haa
hordofus.
12Iji[y] Gooftaa qajeeltota irra jiraatii;
gurri isaas kadhaa isaaniitiif
banamaadha;
Garuu fuulli Gooftaa warra waan
hamaa hojjatan irraa gara-
gala."

13Yoo isin waan gaarii ho-
jjachuuf fedhii guddaa qabaattan,
eenyuttu isin miidha? 14Garuu yoo
qajeelinnaaf jeettanii rakkattan
isin eebbifamoo dha; doorsisa
isaanii hin sodaatinaa; hin je-
eqaminaas[z]. 15Garuu garaa keessan
keessatti Kiristoos Gooftichaaf
ulfinna guddaa kennaa; nama
waayee abdii isin qabdan sanaa
isin gaafatu kamiifiyyuu deebii

[v]3 ykn *cibraa;* [w]4 ykn *kasoo;* [x]5 ykn *nadheeni;* [y]12 ykn *iltii*

kennuuf yeroo cufa qophaa'aa; waan kana immoo arrabalaafinnaa fi ulfinnaan godhaa.
[16]Isinis yommuu namoonni isin arrabsanitti akka warri amala gaarii isin Kiristoos keessatti qabdan sana arrabsan sun qaana'aniif yaada qulqulluu qabaadhaa. [17]Yoo gaargalfamuun[a] keessan fedhii Waaqaa ta'e, waan hamaa hojjattanii gaargalfamuu irra waan qajeelaa hojjattanii gaargalfamuu wayya. [18]Kiristoosis Waaqatti isin fiduuf jedhee otuma qajeelaa ta'ee jiruu, warra qajeeltota hin ta'iniif jedhee yeroo tokko barabaraaf sababii cubbuutiif du'eeraatii. Inni fooniin du'e; hafuuraan garuu ni jiraate.
[19]Innis hafuuruma sanaan dhaqee hafuurota mana hidhaa jiranitti lallabe. [20]hafuuronni kunneenis hafuurota jabana durii bara Nohii keessa otoo dooniin,[b] ijaaramaa jiruu, yeroo Waaqayyo obsaan eegaa turetti ajajamuu didaniidha. Doonii kanaanis nama muraasa[c] jechuunis walumatti nama saddeetittu bashaaniin badiisa jalaa ba'e. [21]Bishaan kun fakkeenna cuuphaa ammayyuu isin fayyisuuti; cuuphaan kunis dhiqannaa xurii nafaa otoo hin ta'in kakuu namni yaada qulqulluun Waaqaaf kakatuu dha. Innis karaa du'aa-ka'iisa Yesuus Kiristoosiitiin isin fayyisa.
[22]Kiristoos samiitti ol ba'ee gama mirga Waaqaa jira; maleekkonni aangowwanii fi[d] humnaan martinuu isa jalatti bulaniiru.

**Waaqaaf Jiraachuu**

4 Kanaaf waan Kiristoos foon isaatiin dhiphateef isinis yaaduma akkasiitiin hidhadhaa; sababiin isaas namni fooniin dhiphate kamiyyuu cubbuu hojjachuu irraa citeera. [2]Kanaafuu inni bara jireenna isaa kan lafa irraa isa hafe sana akka fedhii Waaqaatti jiraata malee akka hawwii fooniitti hin jiraatu.
[3]Yeroon isin duraan waan namoonni ormaa hojjachuu jaalatan sana jechuunis jireenna gadi dhiisii[e] irratti, hawwii foonii irratti, machii irratti, sabdummaa[f] irratti, akka malee dhugaatii dhuganii sirbuufi haala jibbisiisaan Waaqota tolfamoo waaqeffachaa jiraachuu irratti balleessitan sun haa ga'u. [4]Isaanis sababii isin gara jireenna gadidhiisii akkasiitti isaan waliin hin fiigneef ni maadeffatu[g]; akka malee isin arrabsus. [5]Garuu Waaqa warra jiranii fi warra du'anitti muruuf qophaa'e sana duratti deebii ni kennu.[6]Sababiin wangeelli warra du'anittillee

[z]14 ykn *hin raafaminaa;* [a]17 ykn *ariyatamuu/baqchiifamuu;* [b]20 ykn *hobolooni;* [c]20 ykn *takkee;* [d]22 ykn *jabeennaafi;* [e]3 ykn *sesseegummaa;* [f]3 ykn *albaadhummaa/garaadummaa*; [g]4 ykn *dinqifatu/ni ajaa'ibsiifatu*

lallabameef kanuma; kunis akka fooniin akkuma namaatti isaanitti muraamuu fi akka hafuuraan immoo akkuma Waaqaatti jiraataniif.

[7]Dhumni waan hundaa dhiyaateera; kanaaf akka Waaqa kadhachuu dandeessaniif yaada qulqulluu qabaadhaa; warra uf qabanis ta'aa. [8]Waan mara caalaatti jaalala oow'aa walii qabaadhaa; jaalalli cubbuu baay'ee dhossaatii. [9]Gungumuu malee wal-keessumsiisaa. [10]Tokkoon tokkoon namaa kennaa warra kaan tajaajiluuf[h] argate kamiyyuu ayyaana Waaqaa kan gosa gosaan jiru sana hujii irra oolchee amanamummaadhaan itti haa fayyadamuu. [11]Namni dubbatu kamiyyuu akka nama dubbii Waaqaa dubbatuutti haa dubbatuu. Namni tajaajilu kamiyyuu akka Waaqayyo waan cufa keessatti karaa Yesuus Kiristoosiitiin galateeffamuuf jedhee jabeenna Waaqayyo isaa kenneen haa tajaajilu; ulfinnii fi humni baraa hanga barabaraatti isaaf haa ta'uu; aamiin.

## Sababii Kiristaana ta'aniif dhiphachuu

[12]Yaa michoota[i] kiyya jaalatamoo, qorama hamaa amma ittiin dhiphachaa jirtan kana akka waan wanni haarayii isinitti dhufeetti hin dinqifatinaa. [13]Garuu isin akka yeroo ulfinni isaa muldhatutti baay'ee gammaddaniif waan dhiphuu Kiristoosi keessatti qooda fudhattaniif gammadaa. [14]Isin yoo maqaa Kiristoosiitiif jettanii arrabsamtan eebbifamoo dha. hafuurri ulfinnaatii fi hafuurri Waaqayyoo isin irra boqotaatii. [15]Isin keessaa namni kamiyyuu nama nama ajjeesu ta'ee yookiin hattuu ta'ee yookiin yakka gosa kamiiyyuu hojjatee yookiin dubbii nama gara biraa[j] keessa seenee hin dhiphatin. [16]Garuu namni tokko yoo sababii kiristaana ta'eef dhiphate inni waan maqaa sanaan waamameef Waaqa haa galateeffatu malee hin qaana'in. [17]Yeroon itti murtiin warra mana Waaqayyoo keessaa irratti jalqabamu dhiyaateeraatii; Murtiin kun yoo kan nurratti jalqabu ta'e warri wangeela Waaqayyootiif hin ajajamne sun akkam haa ta'anii ree? [18]Kitaabni akkana jedhaatii;

"Eegii namni qajeelaaniyyuu fayyuun rakkoo ta'e,
namni hamaa fi cubbamaan immoo maal haa ta'uu ree?"

[19]Kanaaf warri akka fedhii Waaqayyootti dhiphatan waan gaarii haa hojjatanii; lubbuu isaaniis uumaa isaanii amanamaatti sanatti imaanaa haa kennatani.

[h]10 ykn *gargaaruuf;* [i]12 ykn *jaallan;*
[j]15 ykn *dhibii*

### Pheexiroos Maanguddoota gorsuu Isaa

5 Ani akka maanguddoo ak-
kuma isaanii tokkootti, akka
dhugaa baatuu[k] dhiphuu Kiris-
toosiitii fi akka nama ulfinna
muldhachuuf jiru sana keessatti
qooda qabu tokkootti akkana
jedhee maanguddoota isin jidduu
jiran sana nan gorsa. 2Karra
hoolota[l] Waaqayyoo kan egumsa
keessan jala jiru sana tissaa;
kanas sababii dirqamtaniif[m] otoo
hin tain fedhuma keessaniin,
bu'aa nama qaanessu argachuuf
otoo hin ta'in hawwii hujii
Waaqaa hojjachuuf qabdaniin
godhaa. 3Karra hoolotaatii fi
fakkeenna ta'aa malee warra
imaanaa isinitti kennaman sana
humnaan hin bulchinaa. 4Isinis
yommuu hangafni tissitootaa
muldhatutti gonfoo[n] ulfinnaa kan
midhaaginni isaa irraa hin banne
argattu.
5Yaa dargaggoota, isinis akka-
suma maanguddootaaf ajajamaa;
hundi keessanis walii walii kees-
san duratti gadi uf qabiisa qabaad-
haa; kitaabni akkana jedhaatii:
"Waaqayyo of tuultotaan ni morma;
warra gadi of qabaniif garuu
ayyaana kenna."
6Kanaaf akka Waaqayyo yom-
muu yeroon sun ga'utti ol isin
qabuuf, harka isaa humna qa-
beessa sana jalatti gadi uf qabaa.
7Waan inni isinii yaaduuf, yaad-
doo keessan hunda isa irra keew-
wadhaa.
8Warra of qaban ta'a; dam-
maqaas. Diinni[o] keessan Daabiloos
nama liqimsu barbaadee akkuma
leenca ittanuu asii fi achi
nanaanna'aatii. 9Sababii akka
Obboleeyyan keessan warri ad-
dunyaa guutuu keessa jiraatan
dhiphuma akkasii dhiphachaa
jiran beettaniif amantiitti[p] ja-
baadhaatii isaan mormaa.
10Waaqni abbaan ayyaana hun-
daa karaa Kiristoosiitiin gara
ulfinna isaa kan barabaraatti
isin waame sun erga isin yeroo
gabaabaaf dhiphattanii booddee[q]
inni mataan isaa warra hirdhinna
hinqamne isin godha; isin dhaaba;
isin jabeessas. 11Baraa hanga
barabaraatti humni isaaf haa ta'u;
aamiin.

### Dhaamsa Nagayaa Kan Gara Dhumaa

12Anis isin jajjabeessuudhaaf,
akka wanni kun ayyaana Waaqaa
isa dhugaa ta'es dhugeessuuf
jedhee, harka Siilaas isa ani akka
obboleessa amanamaatti herregu
sanaatiin gabaabumatti bar-
reessee isinii ergeera; ayyaana
kanaanis jabaadhaa dhaabadhaa.

[k]1 ykn dhugeessituu /rageessituu; [l]2 ykn *ooliyyee;* [m]2 ykn *giddeeffamtaniif;* [n]4 ykn *ruufa,* [o]8 ykn *nyaaphii;* [p]9 ykn *dhugeeffachaatti;* [q]10 ykn *duubatti*

13Waldaan Kiristaanaa ishiin
isin waliin filatamtee Baabiloon
keessa jirtu sun nagaya isinii
dhaamti; ilmi kiyya Maarqoosis
akkasuma nagaya isinii dhaama.
14Dhuungoo jaalalaatiin wal-
dubbisaa.

Nageenni isin warra Kiristoos keessa jirtan cufaaf haa ta'u.